



GORSAWWAN DUBBIFTUU-KAARDII CINAA-DHAABBATUU



Dukkaana xixiqqoon Dubbiftuu-Kaardii Cinaa-dhaabbatu qabaatuu malu. Kanneen kaan irraa xiqqo addatti hojjetu. Gorsawwan gargaaraa ta'an kanneen hordofi.

- **Kaardii WIC kee Kaasheeriitti kenni.** Issaan Siif loosan.
- **Nyaata WIC kee adda godhi** Raashina biraa irraa.
- **Nyaata WIC kaa'i** (fkn midhaan gogfame, Aannan, kkf.) **Muduraa fi Kuduraa booda aansii.** Kaasherri muduraa fi kuduraa boodarra herrega.
- **Kaasherriin meeshaa tokko tokkoon iskaan godhee** harkaan gatii keessa galcha. Wantoonni nyaataa yoo hin mirkanaa'in Kaasherriin si beeksisa. Wantoota mirkanaa'an qofaatu waan bitattu keessatti qabama.
- **Kaasherriin wantoota bahuu qaban sitti hima** Osoo bitattee hin xumuriin. Fakkeenyaaf, Yoo muduraa fi kuduraan gatii WIC kafaluu ol tahee fi atis karaa biraatiin hin kafalle (akka kaashii ykn gargaarsa Supplemental Nutrition Assistance Program (SNAP, Sagantaa Gargaarsa Nyaata Dabalataa)).
- **Lakkoofsa PIN kee itti galchi** yeroo gaafatamtuu. Lakkoofsa PIN kee Kaasherriitti hin himiin ykn akka kaasherriin Lakkoofsa PIN itti siif galchu hin godhin.

Dhaabbanni kun carraa wal qixa ta'e kan kennuu dha.

Washington State WIC Nutrition Program (Sagantaa Sirna Nyaataa WIC Bulchiinsa Waashingitan) loogii hin taasisu.

Namoota qaama-midhamtoottaaf, dookumentiin kun unkawwan biroon iyyannoodhaan ni argama. Gaaffii dhiyyeefachuuf, maaloo 1-800-841-1410 (TDD/TTY 711) bilbilaa.